KOOMMEE MANA IJAARRAA

Yaa obboleessa koo, koottu mana ijaarraa

Bu’aa bareedaadhaaf koo’ mee walgargaarraa

Af’ tokko dubbannaa, waliin mari’annaa

Akkanaan jabaannee cimnee ni jiraannaa

Yeroo gabaabattis ijaarree xumurraa

Waan inni fakkaatus walumaan agarraa

Ofillee jijjiirree waan gaariis ni beeknaa

Maatii keenya waliin hiyyummaarraa hiiknaa

Duubatti hin deebi’in kophaa koo’n danda’uu

Harka lamaa irra harki afur haa ta’uu

Sanarrallee taree caalee cambalaqee

Gurri keeny’ dheeratee ganda gamaas dhaqee

Haa nurraa baranii, haa ijaarratanii…

Warra abdii dhabe irraa ‘n baratinii

Koo’ mee yaa gurbayyoo abdii’n muratanii

☺☺☺